tion. Legal and environmental concerns prevent the government from also supporting other major cash crops, such as khat and fast-growing trees like Eucalyptus, but a lack of law enforcement and thriving markets have caused the expansion of these crops nevertheless. Actual crop choice often is rather opportunistic, and rapidly growing rural and urban populations further increase the demand for cash crops. Throughout the region, major investments have been made to improve road and railway infrastructure to allow market expansion and access.

The landscape now consists of large plots of intensively managed coffee forests interspersed with khat and tree plantations throughout the former farmland. The coffee forests are intensively managed, especially through regular clearing of undergrowth and heavy use of agrochemicals. While the coffee forests still provide some refuge to wild biodiversity, management practices have resulted in a stark loss of plant species and wildlife compared to the past. Khat plantations on former farmland are intensively managed as well. Tree plantations, most prominently monocultures of Eucalyptus, but also other fast-growing species such as Grevillea or Cupressus, are widespread, and in some places bamboo and native trees are also cultivated. The plantations of exotic species have severely impacted soil quality and lowered water tables in the landscape, which has made the area not

ti heeddu baratameera. Hawaasa keesatti wal amanuu dhabuun guddateera.


### **Ibsa bal'inaan haala tahuu dandahu (scenario) kanaa**

Istiraateejjin misooma qonnaa fi qonna biyyoolessaa addunyaa waamuu itti aansee dinagdee ol guddisuu fi oomisha olaanaa qonna xixiqqaa irraa argachuuf mootummaan Itoophiyaa qonna ammayyeessuu fi daldalaaf mijaa'aa akka ta'u fuulleffannoo kenneera.

Bakkewwan Itiyoophiyaa biroo keesatti fuulleffannoon oomisha midhaan nyaataa irratti yommuu ta'u, kibba lixa biyyaatti keessatti immoo qonnaan bultoonni oomisha bunaa akka oomishan ni jajjabeeffamu. Seerrii fi himamatni mootummaa oomisha biqiltoota galii argamsiisan kan biroo kan akka jimaa fi mukeen saffisaan guddatan kan akka baargamootiif deeggarsa akka hin goone dhorkus raawwiin seeraalaafaa tahuu fi fedhiin gabaa biqiltoota kanaa olaanaa ta'uu irraan kan ka'e biqiltuun kunniin akka babal'atan godheera. Biqiltuu midhaan nyaataa yeroo baay'ee filannoo ta'eera. Akkasumas saffisaan baay'inni uumataa baadiyyaa fi magaalaa guddachuun dhiyeessii oomisha midhaan galii daran akka dabalu godheera. Guutummaa naannichaa keessatti invastimantii gurguddaan bu'uuraaleen misoomaa daandii konkolaataa fi baaburaa akka fooyya'u taasisuun gabaan akka babal'atu fi akka gabaa seenan taasisera.

only more susceptible to droughts but also made large areas unsuitable for agriculture. Farmland biodiversity has plummeted dramatically, because khat and tree plantations provide habitat to very few native species. Baboons and monkeys, however, still live in the forests and use farmland tree plantations for shelter; the animals' frequent raids of homegardens and small fields pose a serious problem to the remaining crops, especially for poor farmers who rely on their own food production.

Live fences in the farmland protect the valuable cash crops from theft or destruction. Very little space remains for cultivating cereal crops, and few farmers have maintained small fields or homegardens for cereals. These small parcels for gardening and cropping are vital for the poor, because their lack of land and economic resources has excluded them from the cash crop boom and has limited their access to forest ecosystem services.



Teessumni lafaa amma jiru qonna buna bosonaa haala hammayaaheen fi akkasumas jimaa fi mukeewwan adda addaan walmakuun kan uwwifame dha. Qonni buna bosonni haala hammayaaheen kan oomishamu yemmu tahuu mukeenii fi biqiltuwwan xixxiqqo bosona keessaa ciruu dhaan akkasumas keemikaala qonnaa heedduminaan fayyadamuudhaani. Bunni bosonaa biqiltootaa fi lubbu qabeeyyi bosonaa adda addaaf hanga tokko dahoo ta'us, haalli oomisha bunaa ammayyessun (fakkenyaaf buna jala ciruu)kun garuu mancaatii cimaa sanyii biqiltuu fi bineensota bosonaa irraan gaha. Oomishni jimaas lafa qonnaa duraanii irrattii haala ammayaheen farra ilbiisootaa fayyadamuun kan oomishamu taha. Biqiltuun mukaa dhaabamu irra caalaatti biqiltuu gosa tokkoo baargamoo ta'us biqiltuun mukaa saffisaan guddatan biroo kan akka biqiltuu mukaa hindheessaa/gaattiraa fi giraaviliyaas babal'ateera. Iddoo tokko tokkotti immoo biqiltuun uumamaa akka leemmanaa fi biqiltuu biroo ni dhaabamu. Gosti biqiltuu biyya alaa heedduminaan babal'achuun kun oomishtummaa biyyoo mancaasuun akkasumas bishaan lafa jalaa akka gadi bu'u taasiseera. Kana waan ta'eef naannichi hongeeff saaxilamaa akka ta'u qofa osoo hin taane, lafti qonnaa bal'aanqonnaaf mijataa akka hin taane godheera. Itti dabalataanis, sababa biqiltuun jimaa fi mukkeen kan akka baargamoo lubbu qabeeyyii adda addaaf dahoo waan hin taaneef lubbu qabeeyyiin lafa qonnaa irraa akka mancahan taha. Haata'u malee garuu



Overall, households have benefited from increased incomes and higher (material) living standards – almost all houses now have metal sheet roofs. Infrastructure and public services have improved, more children complete secondary school, and the overall population is becoming more educated. While many people are driven to emigrate from the southwest due to the growing population, increased education and knowledge have decreased population growth rates. Imported food from outside the region is now

jaldeessii fi qamaleen bosona keessa ni jiraatu, mukeen lafa qonnaa irratti biqilfaman mandhee godhachuun omisha midhaanii qe’ee keessati fi lafa qonnaa xixiqqaa irra jiran mancaasuu keessaayyuu qotee bultoota harka qalleeyyee oomisha nyaataa mataa isaanii oomishuu irratti hundaa’aniif rakkoo guddaa fida.

Dallaa ijaaruun oomisha midhaan galii tahan kana hattuu fi mancaatii irraa ni eega. Lafti qonna midhaan nyaataatiif oolu ni xiqqaata akkasumas qonnan bulaa muraasatu lafa qonnaa midhaan nyaataaf oolu qee’ee keessaati yokaan lafa qonnaa irratti hambisa. Sababa hanqina lafaa fi qabeenya diinagdee irraan kan ka’e qonnaan bultoonni harka qal’eeyyi carraa midhaan galii oomishu fi irraa fayyadamuu hin argatani. Kana waan ta’eef, lafti qonnaa xixiqqonii fi qe’ee oomisha midhaan nyaataaf oluu heeddu isaan barbaachisa alumaagalatti, galiin dabaluu fi sadarkaan jireenyaa dabalu (higher living standard) irraa abbootiin warraa fayyadamaa ta’aniiru – manneen hundumtuu haala jechuun danda’amuun mana baaxii qorqorroo qabuun, bu’uuraaleen misoomaa fi tajaajilli uummataa (public service) fooyya’aa turaniiru, ammas fooyya’uutti argamu, ijoolleen caalmaa qaban barumsa sadarkaa 2ffaa ni xumuru, waliigalatti uummatni caalmaatti kan baratan ta’aniiru. Baay’inni uummataa dabaluu irraa kan ka’e, kibba lixa Itoophiyaa irraa namoonni hedduun kan godaanan tahuu garuubabal’achuun barumsaafi bee-



available at relatively cheap prices. Food security is high and people's diets now often include industrially processed foods including meat and dairy products. However, uncertainties remain in periods of drought and due to market price fluctuations. Social costs, in contrast, have been very high. There is a high degree of inequity, and poor people unable to seize cash crop opportunities are even poorer now. The increase in khat production also enhanced khat consumption leading to conflict, crime and a decline in community spirit. Theft of valuable cash crops is common, and there is a high degree of mistrust among the local community. The shift towards a cash-based society has led to the collapse of traditional institutions such as collaborative farming and guarding, and farmers now have to make large investments regarding human capital to manage and guard their cash crop plantations. Despite better health infrastructure, there are health problems caused by excessive khat consumption and the widespread use of pesticides, which affects food, air and freshwater quality (Fig. 3).



kumsaa dabaluu baay'na uummataa hir'iseera. Midhaan nyaataa bakka biraa dhaa gara naannichatti waan galuf midhaan nyaataa gatii salphaan argama. Wabiin nyaataa olaanaa yeroo tahu sooratni uummataa nyaata warshaan qindeeffaman kan akka foonii fi bu'aalee aannanii ni dabalata. Haata'u malee, yeroo hongee fi yeroo gatiin gabaa olka'u wabiinnaataa hir'achuun ni mul'ata. Gama biraatiin garuu dhiibbaan jireenya hawaasummaa dabaleera. Garaagarummaan dinagdde fi walqixxummaan dhabuu dabaleera. Harka qalleeyyiin oomisha midhaan galii irraa fayyadamoo waan hin ta'iiniif kan duraanii caalaa daran rakkisaa dha. Oomisha Jimaa dabaluu immoo fayyadamiinsi jimaa (jimaa qama'uun) akka dabaluu gochuu isaatiin walitti bu'iinsii, fi yakki akka dabaluu gochuun wal amantaa, hariiroo fi tumsi hawaasaa hir'ateera. Hanni oomisha midhaan galii kan baratamedha. Jijjiiramni hawaasaa gara oomisha midhaan galii gochuun kun dhaabbileen aadaa fi hawaasaa kan akka diddaaroo, daboo fi gamtaan wal tumsuun midhaan eeguun akka badu taasiseera. Tumsi hawaasummaa kun waan dhabamuuf qonnaan bultoonni oomisha midhaan galii isaanii eeguuf maallaqa guddaa baasu. Bu'uuraalee misooma fayyaa jiraatus bal'inaan itti fayyadamni farra ilbiisostaa qilleensaa fi qulqullina bishaan dhugaatii ni faalu fi akkasumas jimaa heeddumiinaan fayyadamuun rakkina fayyaatiif saaxileera (Fakkii 3).

## Opportunities

- ✓ Forest degradation is slowed down because farmland can provide important tree-related ecosystem services, as well as habitat for some forest species.
- ✓ New coffee plantations may stabilise the local climate and help to buffer against climate variability.
- ✓ Incomes may increase through market integration, and incomes from perennial crops could be more reliable than from annual crops.
- ✓ Market integration may help to boost basic infrastructure such as roads and mobile phone networks, facilitating better access to education and health care.
- ✓ Local people value and know how to grow coffee and khat.
- ✓ Local people, rather than external actors, are the primary beneficiaries of development.



## Carraawwan

- ✓ Mancaatiin bosonaa ni hir'ata, sababiin isaas lafti qonnaa tajaajila sirna uumamaa akkasumas faayidaawwan duraan bosona irraa argamu mukeen lafa qonnaa irraa waan argamuuf.
- ✓ Biqiltuun bunaa haaraa dhaabbate dhiibbaa jijjirama qilleensa naannoo irraan gahu kan akka rakkoo roobaa fi googinsa tasgabeessuu ni danda'a.
- ✓ Qindoominni gabaa galii dabaluu ni danda'a. Midhaan waqtii mu-raasaaf facaafaman irraa argamu caalmaatti omishni midhaan galii gabaa tasgabaawaa fi galii amansiisaa ta'a.
- ✓ Qindoominni gabaa fi dabaluu galii bu'uuraalee misoomaa kan akka daandii fi bilbila socho'aa akka babal'atu ni godha. Tajaajiloonni akka barnootaa fi fayyaas ni dabaluu.
- ✓ Haalli fi adeemsa guddina biyyaa dandeetti, beekumsaa fi muuxanno buna oomishuu uummanni naanno kun qabaniif aadaa bunaa fi jimaa isaan qabaniin walsimata. .
- ✓ Misoomnii fi guddinni naannoo kun namootuma jiraattota naannoo Kanaan kan gaggeffammu waan taheef faayidaan misooma irraa argamus uummatuma naannoo kanaa fayyada.

## Risks

- ✗ Excessive use of agrochemicals could cause pollution and environmental degradation such as reduced water quality, reduced soil fertility and biodiversity loss.
- ✗ Growing eucalypts can reduce water availability and negatively affect other crops.
- ✗ A focus on cash crops may undermine livelihood diversification and the production of food crops.
- ✗ People could become dependent on markets and could be exposed to price fluctuations for agricultural inputs and food.
- ✗ Local people with insufficient financial capital or land might not be able to benefit.



## Sodaa

- ✗ Heddumminaan keemikaala qonnaa fayyadamuun faalamaa fi mancaatii naannoo kan akka qullina bishaanii hir'isuu, gabbina biyyee mancaasu fi lubbuu baay'ee dhabamsiisuu ni mala.
- ✗ Baargamoo biqilchuun bishaan argamu ni hir'isa, akkasumas biqiltoota biroo ni huba.
- ✗ Oomisha midhaan galii irratti xiyyeeffannoo kennuun soorata gosa hedduu nyaachuu fi oomisha midhaan nyaataa hanqisuu ni mala.
- ✗ Hirkattummaan uummataa gabaa irratti waan dabaluuuf jijjiiramni gatii gabaa kan galii omiishaaf tahu, omisha oomishamee gurgurtaaf gabaatti ergamu akkasumas midhaan nyaataa ni miidha.
- ✗ Sababa hanqina dinagdee/maallaqaa fi lafa gahaa dhabuu irraan kan kahe namoonni naannoo hanga tokko fayyadamuu dhabuu malu.
- ✗ Kophummaa (individualism) fi miti walqixxummaan dabaluu ni mala. Aadaa n hawaasaa fi malli qonnaa manca'uu mala.
- ✗ Jimaa biqilchuu fi itti fayyadamni isaa dabaluuun rakko fayyaa fi dhiibbaa hawaasa irratti fida.



- ✗ Individualism and inequalities could increase, and cultural traditions and established agricultural practices might be eroded.
- ✗ Increased growth and consumption of khat would have negative health and social impacts.
- ✗ Agrochemical use and decreased dietary diversity would pose health risks.

## Implications

This scenario has the potential strength of providing local people with new, realistic income opportunities. To manage some of the potential risks, it will be important to ensure that eucalypt plantations primarily target degraded areas or marginal land. Similarly, it would be beneficial to develop novel methods of growing coffee and khat that minimise the use of agrochemicals. To ensure that sufficient food is still grown (and not only cash crops), the most fertile land should be used for farming, and homegardens should be developed to become diversified and efficient complementary sources of food. Despite taking such measures, some risks are inherent to this scenario, including market dependency and limited feasibility to be involved for poor and landless people. These risks could be partly addressed via novel financial institutions and insurance schemes. Creating greater awareness about the risks of excessive khat consumption will also be important.

- ✗ Fayyadamiinsi keemikaala qonnaa fi midhaan soorata walmadaalaa tahe soorachuun dhabuun rakkoo fayyaa uumuu ni mala.

## Mul'isa


Haala tahuu dandahu kun, carraa galii qabatamaa, haaraa hawaasa naannoof dhiyeessuuf humna ni qaba. Sodaalee hambisuus garuu biqiltuu baargamoo naannoo lafa qonnaaf hin oolle irratti biqilchuuf xiyyeeffannoo kennuu. Haala walfakkaatuun fayyadamiinsa keemikaalaa hir'isuuf jimaa fi buna mala haaraa fi adda ta'e kan itti fayyadama keemikaalota hir'isu fayyadamuun gaarii dha. Midhaan nyaataa gahaa ta'e ammallee akka oomishamu mirkaneessuuf (oomisha midhaan galii qofa osoo hin taane) lafti gabbataan hedduminaan qonnaa midhaan myaataaf tajaaila irra ooluu qaba. Akkasumas qonni qe'ee madda oomisha nyaataa dabalataa gosa garaagaraa (nyaata walmadaalaa) ta'uu qabaata. Tarkaanfiiwwan kana fakkaatan yoo fudhataman illee sodaaa fi rakkowwan gaarii hambisuu hin danda'amu. Isaan keessaa maxxantummaa gabaa fi akkasumas rakkoon fayyadamummaa warra harka qalleeyyii fi lafa dha-beeyyi ta'aniif wanti raawwatamuu qabu murtaa'aa ta'uu. Sodaawwan kunniin garuu karaa deeggarsa dhaabbilee maallaqaa fi faayinaansii, fi ins-huraansiitiin gamtokkeen furuun ni danda'ama. Jimaa hedduu qama'uun rakkoo akka fiduu xiyyeeffanno guddaa itti kennuun hubannoo uummataa guddisuun barbaachisaadha.







# Chapter 4



## **MINING GREEN GOLD: COFFEE INVESTORS**



# Boqonnaa 4



## WARQEE MAGARIISA BAASUU: ABBOOTII QABEENYAA BUNAA

## Chapter 4

### Mining green gold: coffee investors

#### Summary

International coffee markets and prices have led the government to prioritise southwestern Ethiopia for export coffee production. Large-scale coffee investors have been given land, because smallholder farmers lack the capacities to produce for export. The landscape now consists of monoculture, high-yield coffee plantations, and little food is produced in the landscape. Both farmland and forest biodiversity have declined strongly because of monocropping and intensive management. Native coffee varieties have disappeared due the influx of high-yield varieties. Farmers have lost land to investors and many received inadequate compensation. Promises by investors of job opportunities and improved public infrastructure have fallen short of local expectations. Poverty, food insecurity, land scarcity and conflicts between coffee investors and local communities have resulted in the emigration of locals. Traditional farming and culture have been lost almost entirely.

#### Detailed scenario description

Ethiopia has shifted its focus towards large-scale commercial farming and

## Boqonnaa 4

### Warqee magariisa baasuu: Abbootii qabeenyaa bunaa

#### Cuunfaa

Fedhiinii fi gatiin Bunaa gabaan idil-addunyaa irratti dabaluu irraan kan ka'e kibba lixa Itoophiyaatti oomisha bunaa gabaa alaatiif oolu akka oomishamu mootummaan dursa akka kennamu godheera. Kana gochuufis qonnaan bultoonni naannoo kanaa lafa xixiqqaa akkasumas humna diinagde oomisha gabaa alaatiif itti dhiyeessan waan hin qabneef Invastaroonni bunaa gurguddon lafti kennameefii jira. Yeroo kun ta'u, teessumni lafaa biqiltuu gosa tokkoo, biqiltuu bunaa oomisha guddaa qabuu fi biqiltuu midhaan nyaataa muraasa qofatu laficha irraa argama. Sababa biqiltuun gosa tokkoo qofti haala ammayyaa taheen qotamuuf, lubbu qabeeyyiin adda addaa lafa qonnaa irraas tahe lafa bosona keesaa ni manca'u. . Gosni sanyii bunaa kan duraan naannoo keessa ture balleeffammee gosa sanyii bunaa oomisha guddaa kennuun bakka bu'eera. Qonnaan bultoota irraa lafti fudhata-mee abbootii qabeenyaaf dabarfamee kennamuudhaan qonaan bultoota lafa isaanirraa buqqa'aniif beenyaa gahaa tahuu baatuus ni kennama. Abbootiin qabeenyaa carraa hojii uumu fi bu'uuraalee misoomaa naanno kanatti fooyyessuuf waadaan kan



**Fig. 4.** A street scene in the scenario "Mining green gold: coffee investors".

**Fakkii 4.** Fakkii mul'isa "Warqee magari-isa baasuu: Abbootii qabeenya bunaa".

the export of products to enhance agricultural development and national economic growth. Coffee is the primary export commodity. Due to climate change, there has been a global decline in the supply of coffee, and international demand and market prices for coffee have increased. Because of these conditions the government defined large-scale coffee production destined for the international market as the prime development priority for the

seenan tahu garuu raawwiin isaa fixaan hin guutamne. Hiyyummaan, hanqina wabii nyaataa, hacuuccaa lafaa fi walitti bu'iinsi abbootii qabeenyaa fi hawaasa naannoo gidduutti uumamuu irraan kan kahe namoonni naannoo akka baqatan taasiseera. Malli qonnaa kan aadaa dhabamsii-fameera jechuun ni danda'ama.



region. Because the smallholder coffee production system is fragmented and because smallholders lack capital and institutional support to produce coffee for export, large-scale investors are given priority. Smallholder, communal and forest land conducive for coffee investment has been transferred to capital investors for the expansion of large-scale intensive coffee plantations.

The landscape is largely transformed to a coffee production zone, with monocultures of high yielding improved coffee cultivars. Large areas of natural forests and farmland were converted into intensively managed shade coffee plantations, often using non-native shade tree species. Forest biodiversity and ecosystem services have declined rapidly, and it is becoming increasingly difficult for local people to access important forest products. Large-scale forest degradation and hybridisation with the new coffee varieties have destroyed the wild gene pool of *Coffea arabica*. As intensified coffee plantations have expanded into farmland, very little land is left for crop production. Local farmers are left to farm marginalised areas unsuitable for large-scale coffee plantations such as on steep hills and in homegardens. Farmland biodiversity has decreased immensely as a result of the expansion of intensive coffee plantations. This has reduced smallholder farmer opportunities even further – for example, there are too few bees left for honey production. Furthermore, the increased use

## **Ibsa bal'inaan haala tahuu dandahu (scenario) kanaa**

Itoophiyaan xiyyeffannoo ishee gara qonna daldalaa gurguddo fi oomisha misooma qonnaa dhiyees-si gabaa alaatiif oolurratti xiyyeffannoo kenniteetti. Midhaan gabaa adhunyaaf dhiyaatan keessaa bunni isa jalqabaadha. Sababa jijjiirama qilleensaatiin kan kahe dhiyeessiin bunaa biyyonni biroon sadarkaa addunyaarratti dhiyeessan hir'ateera. Fedhiini fi gatiin bunaa gabaa addunyaa irratti dabaleera. Sababoota kanarraa ka'uun mootummaan oomisha bunaaf xiyyeffannokennuun iddoo naannichaaf dursa kenneera. Karoora kana fiixaan baasuuf qonnaan bultonna oomisha bunaa hangaan xiqqaa fi addaan fafaca'aa waan oomishaniif karoora dhiyeessi gabaa alaatti ergamuuf humnaa fi dhaabbata waan hin qabneef, abbootii qabeenyaa yokaan investaroota gurguddon akka oomishaniif dursa kenneera. Warroonni sadarkaa xiqqaan oomishan, kan hawaasaa fi lafti bosonaa bunaaf mijataa ta'an abbootii qabeenyaatiif oomisha bunaa sadarkaa olaanaa akka babal'isaniif kenneera.

Haalli teessuma lafaa hedduuminaan iddoo oomisha bunaatti jijjiirameera. Kana malees gara sanyii bunaa gosa tokkoo oomisha hedduu kennaniitti jijjiirameera. Bosonni uumamaa fi lafti qonnaa bal'ina qabu gara oomisha biqiltuu bunaa gara sadarkaa ol'aanaatti jijjiirameera. Yeroo baay'ee kan uuwwifamu biqiltuu uumamaa

of agrochemicals for intensive coffee production and the expansion of coffee processing has led to polluted soils, groundwater, and rivers.

Due to the expansion of large-scale coffee plantations land has been transferred from local farmers to investors. Although farmers have been offered compensation for their farmland, this compensation has often been inadequate to make a living afterwards. Furthermore, community participation is tokenistic, and the investors do not live up to their initial promises of transferring skills, knowledge and technology to local communities. People's livelihoods have shifted from being subsistence-based towards employment as the major source of income. Employment opportunities mostly consist of daily labour at the coffee plantations. Job security is low, and often, jobs are given to non-locals. Infrastructure improvements have largely benefited investors, for example through better roads, while improvements in public services such as schools, health centres and other social services have been much more limited.



kan hin taaneenidha. Hedduuminni lubbuu qabeeyyi bosonaa fi sirni uumamaa daran saffisaan hir'achaa jira. Namoota naannootiif faayidaa bosonaa argachuun cimaa dhufeera. Sadarkaa olaanaan bosona mancaasuu fi gosa biqiltuu bunaa wajjin diqaalesuun waan uwwifamuuf gosti sanyii buna aadaa yokaan koffii arabikaa jedhamu dhabamsiiseera.

Akka lafa qonnaa bunny haala ammayyaheen oomishamuuf lafti qonnaa midhaan nyaataa xiqqoo qofatu hafa. Qonnaan bultoonni naannoo lafa muraasaa fi haallayyaa qofti waan hafeef, oomisha sadarkaa guddaatiif mijaawaa miti. Oomishni biqiltuu lafa qonnaa gosa adda addaa sababa bunny haala ammayyaan biqilfamuuf hir'ateera. Kun immoo qotee bultoota lafa qonnaa xiqqoo qaban ni miidha. Akka fakkeenyaatti oomisha dammaatiif kan barbaachisan kanniisni ni badu. Kanaan dabalata oomisha bunaa haala ammayyaan oomisha dabaluu galtee keemikaalaa dabaluu fi babal'achuun oomishaa fi qulqullessun bunaa rakkowwan akka faalama biyyoo, bishaan lafa keessaa fi lagaa tii saaxila.

Sadarkaa guddaadhaan buna dhaabun lafa qonnaan bultoota naannoo irraa gara abbootii qabeenyaatti akka naanna'u taasiseera. Qotee bultootaaf lafa qonnaa isaaniitiif beenyaan kaffalamu illee qonnaan booda jireenya isaanii jiraachuuf gahaa miti. Dabalataan jireenya hawaasaallee rakkisaa kan ta'ee fi abbootiin qabeenyaa kun

The transformation from semi-subsistence farming to large-scale coffee production has left many people landless, and vulnerable with little resilience to cope with shocks. The low wages received from labour have increased poverty among the local population. Decreased living standards and loss of land are causing major conflicts between local people and investors. Food security is mainly ensured through what can be purchased from the market. The low financial capital of people reduces dietary diversity and food security. Land scarcity, a general lack of opportunities, and a growing popula-



waadaa galan kan akka muuxanno, beekumsaa fi teeknooloojii hawaasa naannootiif hin raawwatan. Jireenyi uummataa naannoo kanaa midhaan oomishani jiraachuu irraa gara qonna investaraa keessatti hoji-guyyaadhaan qacaramuutti jijjiirameera. Carraan qacarrii yeroo baay'ee kan hammatu oomisha bunaa irratti hojjetaa guyyaa ta'uudha. Wabiin itti fufinsaana qacaramanii jiraachuus yaraa dha, akkasumas irra caalaa hojiin kan kennamuuf dhalattoota naannoo biraa irraa dhufaniifidha. Bu'uuraalee misoomaa fooyya'uun abbootii qabeenyaa akka fayyadaman taasiseera. Akka fakkeenyaatti daandiin gaarii ta'uu, manneen barumsaa, buufataaleen fayyaa fi tajaajiloonni hawaasaa kan biroo fooyya'uu.

Qonni xixiqqaa gara qonna gurguddaa sadarkaa olaanaa buna biqilchuu jijjiiramuun namoonni baay'een lafa akka hin qabaanne kan taasisee fi rakkoo isaan mudatullee akka hin danda-manneefis kan saaxiledha. Kaffaltiin hojii humnaa xiqqaa ta'uun hawaasa naannoo irratti hiyyummaan akka baay'atu taasiseera. Sadarkaan jireenyaa gadi bu'uu fi lafti dhabamuun hawaasa naannoo fi abbootii qabeenyaa gidduutti walitti bu'iinsi akka uumamu taasiseera. Wabiin nyaataa kan mirkanaa'u wanta gabaa irraa bitaniin qofadha. Dinagdeen uummataa xiqqaa ta'uun nyaata gosa garaagaraa akka hin sooranneef wabii nyaataa hir'iseera. Akka waliigalaatti lafti dhabamuunii fi baay'inni uummataa dabaluu uummatni baadiyyaa irraa



tion, cause mass emigration from the countryside to towns, cities and countries abroad. Overall, social capital is very low. Traditional farming culture has been lost, and the majority of people have no idea how to cope with the change in livelihoods and population growth other than by leaving the area (Fig. 4).

## Opportunities

- ✓ The increase in woody vegetation through coffee plantations could mitigate some negative aspects of climate change such as high variability in local climate.
- ✓ Employment opportunities may open up.
- ✓ In theory, there could be technology diffusion, and locals could learn from processes and techniques practiced by coffee investors.
- ✓ Coffee investment can provide foreign currency and increase national economic development.

## Risks

- ✗ High use of agrochemicals and coffee processing can cause pollution and environmental degradation such as reduced water quality, reduced soil fertility and biodiversity loss.

gara magaalaa fi gara biyya alaatti akka baqatu taasiseera. Aadaan qotuu kanaan dura ture dhabameera. Namoonni baay'een dhiibbaa jijjiiramni kun haala jireenya isaanirraan gahu fi dabaluu baay'ina uummataarraan kan kahe haala akkamiin akka dandamatan waan hin beekneef godaansaaf ni saaxilamu (Fakkii 4).

## Carraawwan

- ✓ Oomisha bunaa keessatti mukeen dhaabuun dhiibbaa jijjiirama qilleensaa kan akka jijjirama haala roobaa fi goginsaa hanga tokko ni hir'isa.
- ✓ Carraan hojii uumamuu ni mala
- ✓ Raawwiin isaa xiqqaa tahuus jiraa-tonni naannoo muuxannoo, beekumsaa fi teeknoolojii akkasumas mala qonnaa investaroota irraa ni baratu.
- ✓ Invastimantiin bunaa sharafa biyya alaa waan argamsiisuf dinagdeen biyyoolessaa ni guddata.

## Sodaa

- ✗ Keemikaala qonnaa baay'inaan fayyadamuu fi adeemsi buna qulqullessu, faalama naannootiif kan akka sadarkaan qulqullina bishaanii hir'achuu, biyyoon gab-batan dhabamuu fi lubbuu qa-beeyyiin akka dhabaman saaxiluu ni mala.

- ✗ Endemic trees and shrubs might be lost, including wild coffee and traditional shade tree species.
- ✗ Poverty could increase because of insecure and poorly paid jobs, loss of access to forest and farmland, and high exposure to markets and hence fluctuating food prices.
- ✗ Farmers could become disempowered and dependent on opportunities provided by the investors.
- ✗ Investors may not fulfil promises of knowledge and technology transfer, nor deliver improvements in general infrastructure and services.
- ✗ Conflicts may arise between farmers and investors, and between locals and people from elsewhere.
- ✗ Local traditions, smallholder agriculture, culture, and community cohesion may suffer.
- ✗ Local farmers may be displaced, and land scarcity may promote the emigration to urban areas.
- ✗ Food security may decline, and agrochemical use and loss of dietary diversity may pose health risks.
- ✗ Mukeen uumamaa dhabamuu ni malu, akkasumas sanyiin buna bosonaa kan naannoo kanaa fi mukeen gaaddisaa bunaaf tahan dhabamuu ni malu.
- ✗ Kaffaltiin hojii xiqqaachuu, faayidaan bosona irraa argamu dhabamuun, lafa qonnaa dhabuunii fi hirkattummaa gabaa irraan kan kahe gatiin midhaan nyaataa dabaluurraan kan ka'e hiyyumaa fi beelli ni babal'ata.
- ✗ Qonnaan bultoanni carraa abbootii qabeenyaan isaaniif dhiyaatu irratti hirkataa akka ta'anii fi aangoo akka hin qabaanne taasisa.
- ✗ Abbootiin qabeenyaa ce'umsa beekumsaa fi teeknoolojii akkasumas bu'uuraalee misoomaa fooyyessuu waadaa seenan guutuu dhabuu malu.
- ✗ Aadaa fi duudhaan uummata ni hafa, akkasumas tumsi walgargaarsa uummataa ni diigama. .
- ✗ Buqqaatiin qonnaan bultootaa fi hanqinni lafta qonnaa hawaasni gara magaalaatti akka godaanu taasisa.
- ✗ Wabiin nyaataa daran gadi bu'uu mala, keemikaala heedduminaan fayyadamuu irraan kan ka'ee fi midhaan gosa garaagaraa nyaachuu dhabuun rakkoo fayyaatiif saaxiluu mala.

## Implications


A potential strength of this scenario is that it provides opportunities for major economic growth, both in Ethiopia and Jimma zone. However, from experiences in other parts of Ethiopia, not all investment projects always yield the benefits to local people that they promised. For example, technology transfer may be a theoretical possibility, but in practice, it is unclear how relatively poor farmers would be able to adopt the kinds of technologies used by investors. Similarly, the prospect of job opportunities may appear promising in the first instance – but in reality, jobs in similar situations elsewhere have often been unstable and poorly paid. Environmentally, too, it would be important to find ways to reduce the possible effects of pollution resulting from coffee processing. Managing these risks will require careful attention to involving local people in equitable ways from the outset, respecting both land rights and local traditions.

## Mul'isa

Ciminni haala tahuu dandahu kanaa kan agarsiisu guddinni dinagdeetiif akka biyyolessattis tahe akka Jimmaatti ni ta'a. Haata'u malee muuxannoon iddo gara garaa Itoophiyaa akka mul'isutti ce'umsi teeknolojii yaadaan salphaa fakkaatullee raawwiin isaa abbootiin qabeenyaa qonnaan bulootaa haala kamiin dabarsuu akka qaban ifaa miti. Fakkeenyaaf, teeknolojii gurguddo investaroonni itti fayyadaman haala kamiin qonnaan bultonna harka qalleyyi tahaan akka itti fayyadamuu dandahan ofa miti. Haala walfakkaatuun yeroo jalqabaa irratti carraa hojii gaarii fakkaachuu malus garuu qabatamaan akkuma bakka birootti mul'atutti kaffaltiin isaa xiqqoo tahuu irra darbee hojiin uumamu dhaabbataa miti. Gama eegumsa naannootiin faalamni adeemsa buna qulqullessu irraa kan ka'e uumamu hir'isuuf mala barbaaduun barbaachisaadha. Sodaalee kanneen hambisuuf hirmaannaan uummataa investmantii keessatti qabu cimuu qaba, akkasumas abbaa qabeenyumma raga lafaa uummataa cimsuu fi aadaa fi duudhaa uummataa kabajuun barbaachisaa dha.




# Chapter 5



## COFFEE AND CONSERVATION: A BIOSPHERE RESERVE

# Boqonnaa 5



## BUNAA FI EEGUMSA NAANNOO: LUBBU QABEYYII DAANGESSANII TURSIISUU

## Chapter 5

### Coffee and conservation: a biosphere reserve

#### Summary

Conventional agriculture in Ethiopia has failed due to land degradation, and has been replaced by sustainable approaches. Global interest in sustainably grown coffee is increasing. A biosphere reserve has been established that combines sustainable agriculture, eco-coffee production and tourism opportunities. The landscape around a core area of sustainably managed forest consists of a mosaic of diversified farmland and forests. Farmland biodiversity has recovered due to varied habitats and sustainable agricultural practices. Forests and wildlife are managed by the community, and forest biodiversity is relatively high. All people including the poor produce their own food as well as products for export, supported by a revival of traditional cooperative farming arrangements. Economic growth is slow but steady and equitable, and living conditions slowly improve. Household resilience is high due to strong social capital, diversified farming and new income opportunities from tourism.

#### Detailed scenario description

Years of conventional intensification supported by the green revolu-

## Boqonnaa 5

### Bunaa fi eegumsa naannoo: Lubbu qabeeyyii daangessanii tursiisuu

#### Cuunfaa

Sababa dhiqama biyyee irraan kan ka'e haalli qonnaa akkuma duraan baratameen qotuudhaan bu'aan argamu waan gadi bu'eef mala addaa walitti fufinsa qabuun akka bakka bu'u taasifama. Fedhiin buna haala naannoo wajjin walsimaten oomishame fi kan keemikaalota hin qabne gabaa addunyaa irratti dabalaa dhufeera. Bakkeen kunuunsa Lubbu qabeeyyii jedhamanii beekamtiin kennameef tursiisuun qonna, oomisha bunaa fi carraa tuurizimii akka jiraatu taasiseera. Bakkewwan kun mukeelii fi qonnawwan garaa garaa haala walsimateen wallin kunuunfamuu. Bosonnii fi bineensonni bosonaa hawaasaan kunuunsi taasifamuuf baay'ina qaba. Namoonni baay'een hiyyeeyyii dabalatee soorata mataa isaanii akkasumas kan gabaaf dhiyaatullee ni oomishu. Bayyaannachuu abbootii warraa daran olaanaadha. Sababiin isaas wabummaan hawaasaa, qonna garaagaraa fi tuurizimii irraa galiin haaraa argamu waan dabalaa dhufeef.

#### Ibsa bal'inaan haala tahuu dandahu (scenario) kanaa"

Qonni baratame Itoophiyaa keessatti qabeenya uumamaa hir'iseera. Gab-





**Fig. 5.** A street scene in the scenario "Coffee and conservation: a biosphere reserve".

tion have degraded natural resources throughout Ethiopia. Reduced soil fertility, large-scale soil erosion and persistent droughts made it impossible to grow enough food to feed the Ethiopian population. Due to pressure from environmental NGOs and local resistance to the failing strategy of conventional agriculture, the government has transformed its agricultural policy towards sustain-

**Fakkii 5.** Fakkii mul'isa "Bunaa fi eegumsa naannoo: Lubbu qabeeyyii daangesanii tursiisuu".

binni biyyee hir'achuun dhiqama biyyee sadarkaa olaanaa fi hongee irra deddebiirraan kan ka'e oomishni nyaataa gahaan akka hin oomishamne fi wabiin nyaata uummata biyyattii akka hin mirkanoofne taasiseera. Naannoo irra dhiibbaan waan jiruuf waajjiraaleen kan akka miti-mootummaa fi hawaasni naannoo qonni baratame akka hafu taasiseera. Kanarraan kan ka'e tarsiimoon moo-

able land management. Biosphere reserves are being established across Ethiopia to mainstream approaches that integrate conservation of natural habitat and sustainable food production. This shift was facilitated by increasing international demand for sustainably produced agricultural products, as well as the active participation of locals in the transformation process. In the southwest, the *Buna Duga Biosphere Reserve* has been established. This reserve emphasizes not only the traditional culture of growing and drinking coffee, but also good social relationships, which are the central pillar of the newly established community-based management of the reserve.

The landscape consists of a core zone of unused natural forest, a buffer zone for low-intensity production of local coffee, wild honey, and other forest products, and an outer area with a mosaic of cropland, pastures and tree plantations. Planting of native tree species for timber, firewood and shade for coffee, is highly encouraged, and care is taken that people retain their uses and knowledge of local plants. The land is farmed using a mixture of traditional agricultural practices and modern techniques such as crop rotation, intercropping with legumes, soil and water conservation, and composting. Livestock production and communal grazing are maintained and also provide manure for fertilising the fields. People grow a wide variety of fruit and veg-

tummaa gara kunuunsa qabeenya uumamaa fi lubbu qabeeyyiwwan uumammaa adda addaa kunuunsutti xiyyeefateera. Haaluma kanaan tar-siimoon kunuunsa lubbu qabeeyyii uumama fi omisha midhaan nyaataa gahaa ta'e haala naannoo wajjin walsimatee fi walitti fufinsa qabuun akka oomishamu adeemsa ijoo ta'eer-ra. Jijjiiramni kun dhufuu kan danda'e, fedhiin midhaan haala naannoo wajjin walsimatee omishamu waan dabalee fi uummannii naannoos jijjiiramni akkasi kun aka dhufu dhiibbaa waan godhaniifi. Kanaaf, Kibba lixaa biyyattitti *Iddoon Tursiisaa fi kunuunsa Lubbu Qabeeyyii Bunaa Dhugaa (Buna Duga Biosphere Reserve)* jedhamu hundeffameera. Iddon Tursiisni lubbu qabeeyyii kun malaaadaa dhaan buna biqilchuu fi dhuguun dabalatee walitti dhufeenyi hawaasaa gaarii akka jiraatu fi uummannis kunuunsa naannoo kana keessatti akka si'aayinaan hirmaatan kan taasisuu dha.

Teessumni lafaa godinichaa kun bakka sadiiti kan qoodamu tahee, inni duraa, handhuurri yokaan walakessi isaa bakka bosonni uumamaa tuttuqaa namaa irraa adda tahe kan eegamu dha. Inni lammaffaan, lafti bakka handhuura kanatti aanee jiru immoo mala aadaatiin buna oomishuuf, damma bosonaa fi bu'aaleen muka bosonaa kan biroon bakka itti oomishaman taha. Inni sadaffan, qarqarri teessuma lafa kanaa immoo bakka midhaan fi mukeen adda addaa haala walmakaan kan argaman ta'u. Xaawulaa, qoraan ak-

etables in their homegardens. Due to these sustainable practices, farmland biodiversity is recovering from earlier impacts of fertilisers and pesticides, and important ecosystem services provided by farmland, such as soil fertility, are restored.

The management of the biosphere reserve is realised through strong community participation, which also fostered the acceptance to establish a protected core zone of natural forests. Although some forest clearing was unavoidable to accommodate the growing population in the past, the core zone now is a haven for many rare and endangered species, and also is a refuge for the wild gene pool of *Coffea arabica*. To reduce negative impacts of wild crop-raiding animals, jobs as wildlife guards have been provided through community-based arrangements, especially to local people without access to land. The wildlife guards are responsible to help scare off crop-raiding animals, provide information to farmers on how to best protect fields, and where necessary reduce the populations of the most problematic species such as baboons and bush pigs via controlled culling measures. Community-based management of the reserve supports the continuation of semi-subsistence farming and provides job opportunities for landless or poor people and minorities.

Social capital is high, and traditional collaborative agreements, such

kasumas mukeen gaaddisa bunaa ta'an uumammaan kan naannoo kanatti argaman akka dhaabbamanii biqilfaman daran jajjabeeffamu. Akkasumas, uummanni beekumsaa fi itti fayyadama muqueen uumamaa naannoo kanaa comsanii akka qabatani akka itti fufan in jajjabeeffamu. Lafti qonnaa mala aadaatiin kan qotamu taheeteeknikni qonnaa kan akka midhaanif muqueen walitti makuun qotu, biqiltuu naannessanii biqilchuu, gosa midhaan adda addaa wal keessatti makanii biqilchuu, eegumsa bishaanii fi biyyeef taasisuu fi kompoostii fayyadamuu dha. Horsiisni loonii fi bakki dheedichaa kan eegamanii fi itti fayyadaman tahee dikeen horsiisa looni irraa argamus gabbina lafaatiif akka xaa'ootti ni tajaajila. Kuduraa fi muduraa garaagaraa qe'ee keessatti hawaasni ni biqilcha. Haala kanaan qonni fi kunuunsi naannoo kun itti fufinsaan hojiirra oolun kun lafti duraan xaa'oo fi farra ilbiisotaa manca'an deebi'anii ni lalisu. Kunis tajaajilla hawaasni eegumsa naannoo irraa argatu adeemsa keessa ni foyya'a.

Bakki eegumsaa fi tursiisa lubbu qabeeyyii kun kan eegamu hawaasa naannoo bal'inaan irratti hirmaatchisuudhaan waan taheef uummannis fedhii isaatiin bakki kunuunsaa fi tursiisa lubbu qabeeyyii kun akka hundaahu fi bosona uumamaatiif kunuunsi akka godhamu ni taasisa. Dabaluu baay'ina uummataa waliin walqabatee muramu mukaa hambisuu baatullee, handhurri bosona



as didaro, have received renewed attention and have facilitated the transition process. Conflicts are usually solved within the community. Cultural integrity remains high and people are in good spirit. As an important part of their cultural identity, people grow and eat the majority of their own food. In addition, coffee and nature-based tourism are beginning to develop, bringing in extra money. The majority of people are now able to live in houses with metal roofs, have access to health and education, and are able to buffer their livelihoods during difficult times. Women in the region are empowered through inclusion in decision-making processes. This has led to higher acceptance of family planning and smaller family sizes, reducing population growth in the long-term. Despite limited economic growth, equality among people is high, and diversified farming combined with



kanaa jiraachuun mandhee mukeen uumamaa fi kan naanno kanatti qofa argaman kunuunsuufkan fayyadu ta'uurra darbee eegumsaa fi kunuunsa gosa buna bosonaa *Coffea arabica* jedhamuuf mandhee ta'eera.

Jabinni fi tumsi walitti dhufeenya hawaasaa olaanaadha. Tumsi hawaasaa kan aadaa kan akkadaboo fi didaaroo xiyyeeffannoo akka itti godhamu kan taasisee fi adeemsa ce'umsaa kunis akka saffisu godheera. Yeroo baay'ee walitti bu'iinsi hawaasaan kan furamu ta'a. Quunnamtiin hawaasaa fi aadaan uummataa cimaadha. Kana malees fedhii olaanaa waliif qabu. Akka eenyummaa aadaa tokkootti namoonni danuun midhaan ofiif oomishan sooratu. Dabalataan bunnii fi tuurizimiin qabeenya uumamaa hundeffatte uumamu babal'achaa waan dhufuuf, maallaqa dabalataa isaaniif argamsiisa. Namoonni baay'een mana jireenyaa qorqorroo keessa kan jiraatanii fi tajaajila barumsaa fi fayyaa argachuu ni danda'u, akkasumas hambaa kewwatanii yeroo rakoo jireenya isaanii ittin jiraachuu ni danda'u. Eegumsa naannoo keessatti hirmaannaani fi aangoon murtii murteessuu dubartootaa cimeera. Kana waan ta'eef, karoora maatii akka fayyadamanii fi maatii xiqqaa akka qabaatan taasiseera. Kunis yeroo dheeraatti baay'inni uummataa hir'isuuf tumsa godheera. Dinagdeen uummataa suuta kan guddatu ta'ullee walqixxummaan diinagdee uummata giddu jiru olaanaadha. Qonna midhaan gosa garaagaraa oomishuu

high social capital increases household resilience to climate change and other potential problems, such as market fluctuations or crop diseases (Fig. 5).

## Opportunities

- ✓ Sustainable resource management and improved soil and water conservation can revert environmental degradation.
- ✓ Forest cover and trees in farmland mitigate some negative aspects of climate change.
- ✓ A diversified landscape supports high biodiversity and generates many different ecosystem services.
- ✓ Diversification involving crops, forest products and ecotourism can stabilise livelihoods and incomes.
- ✓ International marketing of certified organic products can increase incomes.
- ✓ Creation of the biosphere reserve increases stakeholder interactions locally and beyond, including with national and international NGOs, universities, and green companies.
- ✓ Human health benefits may arise from organic production and diversified diets.

fi hariiroon uummata giddu jiru ci-maa waan taheef rakkowwan kan akka jijjiirama qilleensaa fi qaala'uu gatii gabaallee akka dandamatan taa-siseera (Fakkii 5).

## Carraawwan

- ✓ Eegumsi qabeenya uumamaa walitti fufaa fi kunuunsi biyyof fi bishaani foyya'uun dhiibbaa hamaa naannoo ni haambisa.
- ✓ Uwwisni bosonaa fi mukeen jiraa-chuun dhibba jijjiirama qileensa hanga tokko ni haambisa.
- ✓ Biqiltuu fi bosona garagaraa naannoo kana keessa jiraachuun eegumsa lubbuu qabeeyyii fi faayidaa isaan irraa argamu ni dabala.
- ✓ Oomishaa midhaan garagaraa, fayyidaa bosonaa akkasumas ikko turiiziimiin babal'achuun haala jireenyaa fi galii ni tasgabeesa.
- ✓ Omishni haala kunuunsa uma-maan omishame fi sartaifikeetii argate kun gabaa iddil-addunyaati beekamti argatee galii ni dabala.
- ✓ Hundeeffamni bakka tursiisa lubbuu qabeenyii kun hariiroo fi walitti dhufeenya qooda fushattot-taa giddu jiru sadarkaa biyyolessaa fi idil-addunyaa giddu jiru kanneen akkadhaabbata miti mootummaa, yunivarsiitii fi kaampaanoota naannoo magarisaarratti hojjetan ni cimsa.

- ✓ Culturally valued traditions related to smallholder farming are maintained.
- ✓ Social cohesion, equity and cooperation within the community are high.

- ✓ Nyaata garagaraa soorachu irra kan ka'e fayyuman ummataa ni foyyaa'a.
- ✓ Aadaa fi duudhaan uummataa akka kabajamu taasisa
- ✓ Hariiroo hawaasaa, wal qixxuma fi tumsii hawaasaa keessatti daraan olaanaadha.

## Risks

- ✗ Economic development might be slower than in some other scenarios.
- ✗ Obtaining organic certification status may be difficult and smallholders will require assistance.
- ✗ Land scarcity and forest protection could make it difficult to produce surplus quantities for sale.
- ✗ Small-scale farming is highly labour-intensive.
- ✗ This scenario hinges on local people's capacity and willingness to self-organise as a community.

## Sodaa

- ✗ Guddini dinagdee haala tahuu dandahuu kan biroo wajjin wal-bira qabnee yoo ilaalluu ariifataa miti.
- ✗ Sartafikeeti oomishaa haalaa umamaa argachuun ulfaata waan ta'eef, qonnan bultotni grgaarsa qaama biro ni barbaadu.
- ✗ Hanqinni lafaa fi eguumsa bo-sonaa gochuun oomishaa gaha omishuuf rakkoo ni umaa.
- ✗ Milkaa'inni haala tahuu dandahuu kanaa fedhii fi dandettii walguur-meessuu irrati kan hundaa'e dha.

## Implications

This scenario provides a major opportunity for sustainable development, both in socioeconomic terms, but also to protect Ethiopia's unique biodiversity. Capitalising on this opportunity, however, will require an inclusive, collaborative and proactive approach that brings together local people,

## Mul'isa

Haala tahuu dandahu kun misooma walirraan cinnee gama hawaas-dinagdee akkasumas eeguumsa lubbuu qabeeyyii uumamaa kan naannoo kana qofatti argaman eeguuf carraa ni kenna. Carraa kana itti fayyadamuuf garuu, adeemsa hirmaachisaa tahee fi dursanii tarkaanfii fudhachuu






policy makers, and non-government experts. Key challenges relate to the development and implementation of appropriate land use strategies, including modern organic farming methods and the development of tourism as appropriate. This task is not only managerial, but hinges on the involvement and empowerment of local communities. Eco-friendly certification of local products – including coffee, honey and food crops – also needs to be a high priority, and will require the strengthening of international linkages. A potential risk of this scenario is that economic development initially may be slower than in some other scenarios. For this reason, this scenario requires a long-range and holistic perspective that recognises the long-term benefits of increased resilience and sustainability for local communities.

kan gaafatu tahee qooda fudhatonni kan akka uummata naannoo, warren seeraa fi tarsiiimoo qophessan akka sumas dhaabota miti-mootummaa adda adda waltumsanii hojjechuu gaafata. Adeemsa fayyadamiinsa lafaa, malaa qonnaa orgaanikaa fi tuurizimi dabalatee hojii irra oolchuun danuu barbaachisaa dha. Hojii kun hojii bulchiinsa qofaa osoo hin taane, haawaasa naannoo aangeessu ni dabalata. Sartafikeetii oomishni midhaanii, bu-naa, fi dammaa kun kunuunsa naannoo umamaawajjin akka walisimate oomishame kan argaasiisu sadarkaa idil-adunyaarratti hariiroo hundessuun raga kana argachuun dursa kennamufin barbaachisadha. Sodaan haala tahuu dandahuu kanaa kan maddu guddinni diinagagdee haalota tahuu dandahan kan biroo wajjin yoo madaallu suuta jedhaa dha. Sababa kanaaf, haalli tahuu dandahuu kun faayidaa yeroo dheeraa, walirraan cinne fi bu'aa inni dandamannaa uummataaf kennu huubachuu fi xiinxala keessa galchuun barbaachisaa dha.



# Chapter 6



## FOOD FIRST: INTENSIVE FARMING AND FOREST PROTECTION

# Boqonnaa 6



## DURSII SOORATA: HAALAN QOTUU FI EEGUMSAA BOSONAA



## Chapter 6

### Food first: intensive farming and forest protection

#### Summary

The government has pushed for commercialised food production in southwestern Ethiopia and has protected existing forests to meet its global commitments. Climate change has made coffee production unviable in the southwest, and food production elsewhere in the country is also failing. Large amounts of food (primarily for sale within Ethiopia) are now produced in the southwest through



## Boqonnaa 6

### Dursii soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa

#### Cuunfaa

Mootummaa biyyaa Itiyoophiyaa lixaa Oromiyaattii oomishaa midhaan nyaataa (soorata) daldalaa oomishuudhaaf taffaafii guddaa godheera. Kanumaan walqabatee bosonni amma jiru akka kunuunfamee kaayyoo eeggumsa bosonaa galmaan akka gayuu godhaa jira. Sababa dhiibbaa jijjirama haala qillensaarraan kan ka'e naannoo kibba lixaatti oomishni bunaa akka akka badu godhee jira. Gama biraatiin immoo bakkeewwan biyyattii biro keessattis oomishni midhaan nyaataa gadi bu'ee jira. Oomishni midhaan nyaataa heedduminaan mala qonna ammayyaaha fi qonna gurguddodhaan fayyadamuun omishamee gabaadhaaf (Gabaa biyya keessaaf kan oolu) kibba lixaa Itiyoophiyaattii oomishamaa. Oomishni kuduraaf fuduraa, naannoo jiidhinnaa guddaa qabutti immoo qonna midhaan boqqolloo fi xaafii, dabalataani lafa kaloo gabbisa loonif oolu heedduminaan naannoo kana keessatti mul'atu. Iddoon hafe immo kan bosonaan uwwifamee tuttuqaa namaa irraa dhorka tahee ciminaan akka eegamu ta'ee jira. Mala qonnaa ammayyaaha fayyadamuurran kan ka'e akaakuun lubbu qabeeyyii lafa



**Fig. 6.** A street scene in the scenario "Food first: intensive farming and forest protection".

**Fakkii 6.** Fakkii mul'isa "Dursii soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa".

intensive, large-scale agriculture. The landscape consists largely of fruit and vegetable plots, maize and teff fields in the wetlands, and pastures for beef fattening. Remaining forest areas are strictly protected and not accessible to locals. Farmland biodiversity has plummeted due to intensive management, but forest biodiversity remains high. Some farmers are better off, but

qonnaa daran ni xiqqaata. Haata'uti garuu, sababa eegumsa bosonaarraan kan ka'e akaakuun lubbu qabeeyyii bosona keessaa akkuma jirutti itti fufa. Qonnaan bultoonni muraasni haala fooyya'aa irrattii argamuu, garuu, namoonni lafa hin qabneefi warren carraa mala qonnaa ammayyaa fayyadamuu hin dandeenye hiyyummaadhaaf ni saaxi-

poverty is widespread among those who lost land and could not capitalise on new agricultural opportunities – their food security is low. Community resilience is limited due to fluctuations in climate and markets, and many poor people emigrate to urban areas.

### **Detailed scenario description**

Due to climate change, coffee production has shifted to higher altitudes, and growing coffee has become unviable in most parts of southwestern Ethiopia due to frequent outbreaks of coffee pests and diseases. At the same time food production in the dryer parts of Ethiopia has seen a sharp decline due to increasingly frequent droughts. Given declining coffee production locally and stagnating food production in other parts of the country, the Ethiopian government declared the southwest a priority area for producing crops, fruit, vegetables, and beef. As a consequence, a rapid transition towards industrialised agriculture with high-yielding varieties and high agro-chemical input was realised. Modern agriculture almost completely replaced traditional small-scale farming and eroded local knowledge. The boost in land use intensity and efficiency required large-scale land consolidation, including the clearing of woody vegetation and cropland expansion. Flat areas including drained wetlands are now dominated by large cereal fields. The hills and steeper slopes are used for

lamu- wabii nyaataasaanii mirkan-eefachuu hin dandahani. Dandettin dhiibbaa jijjirama qilleensaa fi qalayinsa gatii gabaa dandamachuu uummata ni xiqqaata, namoonni harka qalleyyii heedduunis gara magaalaatti ni goodaanu.

### **Ibsa bal'inaan haala tahuu dandahu (scenario) kanaa**

Sababa jijjiirama qilleensaa irraa kan ka'ee, oomishinii bunaa gara lafa gaarattii olsiqee jira, akkasumas sababa babal'achuu dhukkubni bunaa irraa kan ka'ee oomishinii bunaa kibbaa lixaattii naannoo hedduu irraa bada. Bifuma walfakkaatuun sababa babal'ina goginssaa irraa kan ka'ee oomishni midhaan nyaataa bakkewan biro biyyattii keessaa baayyee gadii bu'a. Sababa oomishni bunaa naannoo kanaa hir'atuuf, akkasumas oomishni midhaan nyaataa iddoo biroo waan hir'ateef, mootummaan karoora fi xiyyeffannoo isaa gara kibba lixa biyyatti gochuun oomishaa midhaan nyaataa, fuduraa fi kuduraa akkasumaas sangaa gabbisuudhaaf akka oomishamu godhe. Haaluma kanaan, qonni industurii akka babal'atu, sanyii filatamaa fi xaa'oo fi keemikaalli bal'inaan akka fayidaara oolu taasifameera. Qonnii ammayyaa mala qonnaa aadaa bakka waan bu'ees muuxanno fi ogummaa aadaa uummataa akka baduu taasisee jira. Fedhiin oomisha dabaluu fi barbaachisummaan lafa qonnaa babal'aan jiraachuun bosonni ciramee lafti qonnaa gara bosonaatti akka siqu taasi-



intensified fruit and vegetable production, commercial honey bee keeping and beef fattening. The transition of the farming system was facilitated by cooperatives that provided infrastructure for inputs, marketing and financial support. Farmers had to specialise and commercialise their production, now using large amounts of pesticides, artificial fertilisers, seeds and fodder. Local crops have been replaced by fast growing new varieties that require large amounts of pesticides and fertilisers. Farming has been mechanised as much as possible, with government-owned tractors being available for hire to work the larger stretches of cropland in the flat areas. The intensification of agriculture has led to a deterioration of natural capital in farmland, decreasing soil fertility even further, and hence increasing the dependence on external inputs and new crop varieties. Freshwater sources are polluted from agrochemicals. Virtually everything harvested is sold to markets. Storage facilities and processing plants have been set up in the larger towns.

To limit further expansion of farmland, to reduce potential impacts of climate change and to satisfy international pressure for nature protection, the remaining patches of natural forest are put under strict protection. The resulting protected areas have been partially fenced to limit illegal forest use but also to reduce crop raiding from wild animals. Despite strict protection, the fragmentation and

seera. Naannoowwan diriiraa ta'aanii jallii isaanii caffaa ta'ee oomishaa midhaaniitii hojii irra oolanii jiruu. Naannoo dirree hin ta'iinii fi bakkeewwan hallayaa ta'an oomisha fuduraa fi kuduraa, oomisha dammaa, fi sangaa furdisuuf oolee jira. Waldaaleen hojii gamtaa dhiyeessi akka xaa'oo, tajaajila gabaa fi liqii waan kennaniif malli qonnaa gara ammayaahuti ceheera. Qonni lafa diriiraa tiraaktera mootummaan dhiyeessu qotamu.

Qonni hammayaahuun qabeenya uumamaa lafa qonnaa irra jiru gadii hir'iseeraa, keemikaalli qulqulina bishaanii faaleera, oomishummaa biyyee waan hir'iseefi qonnaan bul-tonni omisha isaanii dabaluu xaa'oo fi keemikalota dabalataa irratti hirkattummaa isaanii dabaleera. Hedduun oomishaa qonnaa kun gara gabayaatti dhiyaata. Meshaan kuusaa midhaanii fi warshaaleen midhaan nyaataa qindessan magaaloota gurguddoo keessattii hundeefamaniiru.

Bal'innii lafaa qonnaa dhaabuuf, dhiibbaa jijjiramaa qilleensaa hir'isuudhaaf akkasumas dhiibbaa mootummonni addunyaa eeggumsa qabeenya uumamaaf kennanirraa kan ka'e hammii bosona hafee eeggumsa cimaadhaan kan eegamud dha. Hammi bosonaa eeggumsa jalaa jiruu ittii fayyadama bosonaa seeraan ala ta'ee hambisuuf akkasumas dhiibbaa bineensa bosonaa hirdhisuus dallaan itti ijaaramee eegama. Bosonni haa-la gaaridhan kan eeggamuu taatullee bosonni eeggumsaa jala jiru waan

isolation of remnant forest patches has led to further decreases in forest biodiversity. Large-scale deforestation combined with intensification of agriculture has led to widespread soil erosion, which the government now tries to tackle by building dams and water channels.

Large-scale land consolidation has increased overall inequality in the region, and left many people without access to land. While farmers who managed the transition and received land are relatively well off, others remain poor. Some managed to get employment on other people's farms, but opportunities are limited because of high levels of mechanisation and a focus on efficiency. Other people have emigrated to towns in an attempt to make a living by working in one of the many food processing factories. With modernisation, individualistic behaviour has increased, and cultural identity and community cohe-



bittinnayee argamuuf lubbuu qa-beeyyiin bosona keessaa akka hir'atu godhee jira. Ciramuun bosonaa fi babal'achuun qonna ammayaahe kun dhiqama biyyeef saaxileera, haa ta'u garuu mootummaan rakkowwan kana furuuf hidhaa fi bo'oo bishaanii ijaaruudhan dandamataa jira.

Lafa bal'aa tahee namonin muraasni qabachurraan kan ka'e walqixxumman namoota giddu jiru akka hir'atu taasisee waan jiruuf namonin heed-dun lafa dhabeeyyi tahu. Qonnaan bultoonni jijjiramattii fayyadamuu danda'aaniifi lafa fudhataan jireenyaa fooyya'aa keessa kan jiraatan yoo ta'uu, kanneen hafan hiyyeeyiidha. Gariin isaanii lafa qonnaa nama biroo irrattii qacaramanii hojjatuu, haata'uumalee, sababa maallii qonnaa makaanaayzeshini (traktara) ta'ee fi bu'aa qabeessuummaa irrattii waan fuullefateef, carraan hojii argachuu isaanii baay'ee xiqqaadha. Namoonni hedduun immo hojii warshaa keessatti qacaramuuf jecha gara magaalaatti ni godaanu. Sababa qaroominni ammayyaa gudaataa dhufeef, qofummaan ni dabala, aadaa fi hariiroon hawaasaas akka baduu taasiseera. Yeroo kana namoonni hedduun nyaata mala ammayyaatiin warshaa keessatti oomishamee qophaa'e kannen akka foon fi aanan bakka birootti oomishame qofa soorachuuf ni dirqamu. Kana waan taheef gosti nyaataa addaa addaa fi madaalamaa tahee lafa qonnaa irraa osoon taane gabaadhaa bitamee kan sooratamu taha. Kunis haala gabaa

sion have been eroded. People now mainly eat purchased and processed food, including processed meat and dairy products imported from elsewhere. Dietary diversity no longer comes from diversified cropping, but depends on what is available and affordable on the market. Due to specialisation and commercialisation, the resilience of farmers is primarily based on financial capital. However, due to crop specialisation and the loss of many ecosystem services, farmers are not resilient to climate change, and, despite increased financial capital, some are forced into debt after unfavourable years with low harvests. Moreover, people are strongly affected by market price fluctuations to sell harvests and buy food, which further decreases their resilience. Population growth remains high, particularly among the poor. Many of the poor emigrate to towns and cities, putting additional pressure on increasingly large urban slums (Fig. 6).

### Opportunities

- ✓ Forest protection is good for biodiversity and can help to mitigate the negative effects of climate change.
- ✓ Increased production of food crops and beef increases incomes and food security.
- ✓ Resource allocation is efficient because of the clear segregation of production and conservation areas.

fi dandeetti (qabeenya maallaqaa) irratti hundaa’a. Sababa qonna gosa tokko fi ammayaahee taheef, dandeettin dandamannaa qonnaan bultootaa qabeenya maallaqaa isaanirratti hundaa’a. Haata’uu malee, sababa midhaan gosa tokko qotamuu fi faayidaan bosona irraa argamu hir’ateef, qonnana bultotni dhiibbaa jijjirama qilleensaa dandamachuu hin dandahani. Qabeenya maallaqaa qabaatanille, namoonni muraasni bara omishni gahaan hin oomishamne liqii keessa ni galu. Dabalataaanis, sababa gatiin gurgurtaa midhaan oomishamee fi gatiin bittaa midhaan nyaataa bitamu jijjiramuuf namoonni heedduun dandeetti rakkoo dandamachu hin qabaatani. Baay’innii ummataa daran dabaleera, keessattuu hawaasa harka qlleeyyii ta’aan keessatti. Namoonni harka qalleeyyin hedduun isaanii gara magaalota gurguddoottii ni godaanu, kunis naannoo rakkoo baay’ina namaa magaalota keessa jiru daran ni hammeessa (Fakkii 6).

### Carraawwan

- ✓ Eggumsii bosonaa kunuunsa lubbuu qabeeyyif ni fayyadaa akkasumas rakkoo jijjiramaa qilleensaa furuuf ni gargaara
- ✓ Oomishni midhaan nyaataa fi loon horsiisuu dabaluun galii fi wabii nyaataa ni foyyessa.
- ✓ Lafa oomisha qonnaa fi lafa eegumsa bosonaa adda baasuun itti fayadama lafaa ni foyyessa.



- ✓ Productive new agricultural technologies and practices might spread.
- ✓ Development of the region is driven by local people, to the benefit of many of them.

## Risks

- ✗ The high use of agrochemicals can cause pollution and environmental degradation, including reduced water quality, reduced soil fertility and biodiversity loss.
- ✗ The loss of trees from farmland could increase soil erosion and reduce water availability, causing greater vulnerability to climate change.
- ✗ Monocultures of high-yield crops in combination with a decline in natural pest control agents increase vulnerability to pests and diseases.
- ✗ Farmers might become increasingly dependent on costly inputs obtainable from markets or large companies.



- ✓ Teeknoolojii qonnaa haraayafi mala qonnaa haaraatti fayyadamuun babal'achuu ni dandaha
- ✓ Gudinni naannichaa kan dhufu ummatuma naannoo sanaan yoo ta'uu kunis hedduu isaanittif faayidaa kennuu danda'eera.

## Sodaa

- ✗ Keemikaalaa qonnaa hedduutti fayyadamuun faalamuu qilleensa fi manca'u qabeenya uumamaaf ni saaxila. Fakkeenyaaf qulqullinna bishaanii ni hir'isaa, oomishitummaa biyyee ni hir'isa, akkasumas lubbuu qabeeyyi heeddu ni mancaasa.
- ✗ Mukeewwan lafa qonnaa irraa dhabamuun isaanii dhiqama biyyee ni heddumeessa, argama bishaanii ni hir'isa kunis jijjirama qilleensaatiif akka saaxilamnu taasisaa.
- ✗ Qonnaa midhaan gosa tokko qotuun ilbisoonna faayidaa qaban akka badan taasisuun ilbisoonna fi raammoon midhaanii miidhaniif akka saaxilaman taasisa.
- ✗ Qonnaan bultoonni calla guddistuu qaalii ta'an gabaa dhaa yokiin warshaaleerra bitanii fayyadamuf hirkattumaa isaanii dabal.
- ✗ Babal'ina bu'uraalee misoomaa (kannen akka daandii fi kuusaa midhaanii) fi teeknoolojii qonnaa

- ✘ Initial investment needs to be high in infrastructure such as roads and storage facilities, as well as to facilitate agricultural knowledge transfer and technology (e.g. improved varieties, irrigation).
- ✘ High upfront costs may exclude many local people, causing major inequalities within local communities.
- ✘ Many people would lose access to forests, thus losing the possibility to use and sell forest products.
- ✘ Increased use of agrochemicals poses health risks.
- ✘ Traditional farming culture and community cohesion may be lost.

mirkaneessuf gatiin investimantii yokaan baasiin jalqabaa guddaa tahuu qaba.

- ✘ Kaapitaalli jalqabaa guddaa tahuu irraan kan ka'e namoonni heedduun fayyadamuu hin dandahani, kun immoo, walqixxummaan uummata giddu akka hin jiraanne taasisa.
- ✘ Namoonnii hedduun faayidaa bosonaa argachuu hin danda'ani, kunimmoo bu'aa bosona irraa argamu funaanani akka hirgurgurre fi hin fayyadamne taasisa. danda'u.
- ✘ Keemikaala qonnaattii heedduminnan fayyadamuun rakkoo fayyaaf saaxilaa.
- ✘ Mallii qonnaa aadaa fi tumsi hariiroo uummata giddu jiru baduu ni dandaha.



## Implications

Against a historical background of frequent food insecurity in Ethiopia and rapid loss of native forest, major benefits of this scenario are that it provides food to the nation and provides some safeguards for local biodiversity. While these are important strengths, proactive management is needed to ensure that the benefits of this scenario are not only short-lived. High use of agrochemicals as well as clearing of native trees in the farmland could lead to land degradation. Hence, it will be important to pay close attention to best practice principles in natural resource management – including eco-friendly modern approaches such as composting and the targeted use of manure. In addition, smallholders may need financial and technical assistance when facing potentially major upfront challenges as they invest into modernised food production. Such assistance should be delivered in ways that are equitable, to ensure poorer community members are not left behind.

## Mul'isa

Seenaa biyyattii yeroo hedduu beelaaf saaxilamtuu fi manca'insa gosa muka bosonaahir'isuu keessatti faayidaan haala tahuu dandahuu kanaa, nyaata gahaa uummataaf dhiyeessuu fi lubbuu qabeeyyin gosaa hedduutiif eegumsii akka godhamuu taasisaa. Kunniin faayidaa guddaa yoo ta'aan, garuu, faayidaan haala tahuu dandahuu kanaa akka yeroo dheeraadhaaf ittii fufuf tarkaanfiin si'aawaa tahee fi bulchiinsi cimaan ni barbaachisa. Keemikaala hedduutti fayyadamuuni fimukeewwan hedduu lafa qonnaa irraa ciruun dhiqama biyyeetiif ni saaxilaa. Kanaafuu, itti fayyadamni mala kunuunsaa, too'annuu fi eegumsa qabeenya uumamaa barbaachisaadha. Kanas gochuf akka fakkenyaatti -mala xaa'oo kompostii akkataa barbaachisumma isaanitti fayyadamuun gaarii dha. Dabalataanis, qonnaan buloota human cimaa hin qabnef gargarani akka isaan qonna hammayessurra fayyadamo tahan gochuf, ijaarsi dandeettii gama deegarsaa maallaqaa fi teekinikaa kennuun murteessaa dha. Gargaarsi akkanaa kunis haala walqixxaa fi loogi hinqabneen tah- hee namonin harka qalleyyi tahan bodatti akka hin hafneef gargaara.







# Chapter 7



## SYNTHESIS AND RECOMMENDATIONS

# Boqonnaa 7



## YAADA XINXALAA FI DHAAMSA GOOLABAA



## Chapter 7

### Synthesis and recommendations

We introduced four different scenarios for the future of southwestern Ethiopia, which span a broad range of plausible future development trajectories. In summary, the scenario “Gain over grain: local cash crops” describes a future that prioritises smallholder commercialisation around the commodities coffee, khat and fast-growing tree species. This scenario has possible benefits for incomes but may have undesirable social and environmental consequences. The scenario “Mining green gold: coffee investors” outlines what the future might be like if intensive coffee plantations by external investors dominate the region – this would have potential benefits for the national trade balance, but there is a high risk that local communities would not benefit from this economic development. The scenario “Coffee and conservation: a biosphere reserve” balances social, economic and environmental priorities, in pursuit of long-term sustainable and equitable development. A possible downside of this scenario is that the economic benefits of this development trajectory may not be instantaneous. Finally, the scenario “Food first: intensive farming and forest protection” envisages smallholders practising intensified agriculture. This could provide surplus food for

## Boqonnaa 7

### Yaada xinxalaa fi dhaamsa goolabaa

Egeree kibba lixa Itiyoophiyaatiif karaa amansiisaa ta’een haala tahuu dandahan afur kallatti misoomaa fi guddina fulduratti muldhachuuf jiru agarsiisandhiyeessinee jirra. Akka walii galaattii, haalli tahuu dandahu “Midhaan irra Bu’aa Maallaqa dursuu: Oomisha midhaan Galii” jedhu kan agarsiisu gara fulduraatti xiyyeffanno fi fulleffannoon qonnaan bultoota naannoo kanaa oomisha midhaan galii argamsiisan kannen akka buna, jimaa, akkasumas akaakuu biqiltuu dafanii biqilaanii irratti akka tahe agarsiisa. Haala tahuu dandahu kun bu’aa qabatamaa galii maallaqaa uummataaf argamsiisuu ni dandaha. Haata’u malee rakkoowwan dhiibbaa gama hawwaasummaa fi eegumsa naannos ni fida. Hala tahuu dandahu “Warqee Magariisa Baasuu: Abbootii Qabeenyaa Bunaa” kun immoo yoo investarootni bunaa bakka biraadhaa dhufanii dhunfatanii asitti investii godhan fuldurri yokaan egereen naannoo kanaa maal akka fakkaachuu dandahu mul’isa. Haalli kun keessattu galii sharafa biyya alaa argamsiisuun guddina dinagdee biyyaaf faayidaa ni qabaata, haata’u garuu, uummanni fi jiraatonni naanno kanaa guddina dinagdee kana irraa kallattin fayyadamoo hin ta’ani. Haala tahuu dandahu “Bunaa fi eegumsa naannoo: lubbu qabeeyyii daangessanii tursiisuu” kun

the nation, but entails an increased risk of land degradation.

While each scenario has its own specific opportunities, risks and implications – as outlined in the previous chapters – some considerations arise that would be beneficial in all instances, no matter which precise development trajectory eventuates. This is important, because most likely, the future will not turn out to be exactly one of the four scenarios we described, but will include a mixture of elements from different scenarios. We therefore provide the following recommendations not as an exhaustive list of considerations, but as a starting point for further discussion



bu'aa walqixxaataa, yeroo dheeraa fi walitti fufinsa qabu argamsiisun faayidaa fi xiyyeefanno hawwaasummaa, dinagdee fi eegumsa naannoo haala walmadaaleen eegsisa. Haata'u garuu guddinni diinagdee haala tahuu dandahu kanaa saffisaa tahuu dhiisu ni mala. Dhumarratti, haala tahuu malu "Dursii Soorata: Haalaan qotuu fi eeggumsaa bosonaa" kun qonnaan bultoonni mala qonnaa ammayaahe akka fayyadamiif daandii bana. Haali tahuu dandahu kun omisha gahaa omishuudhaan wabii nyaataa biyyattii mirkaneessuf ni gargaara, haa tah'u garuu, dhiqama biyyeef ni saaxila.

Akkuma armaan olitti ibsame, haala tahuu dandahu tokkon tokkon isaanii carraa fidan, soda fi mul'isa mataa isaanii qabataniyyu, xiyyefannon tokko tokko haala tahuu dandahu hundumaa keessatti barbaachisaa kan tahan jiru. Hala tahuu dandahu kamiyyu yoo hojiirra oole, xiyyeffannon waloo ni jiraata. Kun immo heeddu barbaachisaa dha, sababnii isaas, egereen yokaan fuldurri naannoo kanaa dhibbaa dhibbatti haala tahuu dandahu afran keessaa inni tokko qofaan mul'achu dhiisu ni mala. Irra caalaatti haloota tahuu dandahan afran keessaayyu hanga tokko walmakanii mul'achu ni malu. Kanaaf, qabxilewwan armaan gadii kun hala tahuu dandahu kamiyyu keessatti barbaachisaa warra tahanii fi akkasumas marii qooda fudhattota giddutti kakaasuf kannen akka yaada ka'umsatti ni fayyadu jenne dhaamsa ijoo armaan gadii dhiyessineerra. Dhu-

among stakeholders. In addition to the specific implications outlined in the previous chapters, we recommend the following:

1. *Treasure and protect the unique biodiversity hotspot in Ethiopia's southwest.* The Afromontane forests of southwestern Ethiopia are internationally recognised as a biodiversity hotspot. As such, they are a resource that is of global significance. They are also a source of national pride and the source of traditional local livelihoods, including coffee production. The protection of the remaining natural and semi-natural forest patches should be a high priority.
2. *Intensify farming via modern organic and agroecological methods.* Against a context of land scarcity, increasing the agricultural yields of smallholder farmers can help to ensure future food security. However, agrochemical-based intensification can harm soils and other parts of the environment, and input dependency can cause economic problems for less wealthy farmers. Agroecological intensification methods such as the use of compost and manure therefore should receive greater attention in the future.
3. *Integrate cash crop and food crop production.* Cash crops can be beneficial to generate income, but for most households, growing a diversity of their own crops remains the

maratti, dhaamsa ijoo tokkon tokkon halaa tahuu dandahan afran arman olii jalatti kan ibsineen alatti dhamsa ijoo armaan gadii keenyera:

1. *Lubbu qabeeyyiwwan adda addaa kenneen Kibba Lixa Itiyoophiyaattii argaman sirnaan eegaa ti irraa fayyadamaa.* Bossonni naannoo kibba lixa Itiyoophiyaatti argamu mandhee hortee lubbu qabeeyyii gosa adda adda tahuun sadarkaa addunyaatti beekamtiin kennameefira. Kanaaf, qabeenyi kun qabeenya sadarkaa addunyaatti barbaachisummaa fi faayidaa qaba. Dabalataanis qabeenyi kun badhaadhina biyyattin ittin boontuu fi akkasumas oomishaa bunaa dabalatee madda jiruuf jireenya uummatta naannoti. Kanaaf, kunuunsii fi eegumsi qabeenyaa umaamaa fi gartokkenuumama ta'aan kanaa xiyyeffanno jalqabaa kennamuufi qabata.
2. *Mala qonnaa Orgaanikii (keemikaale kan hin qabne) ta'ee fi haala kunuunsaa naannoo waliin walsimateen qonnaa hammayyessaa.* Hanqina lafa qonnaa irra aanuuf omishaa fi omishtummaa dabaluun gara fulduraaf wabii nyaataa mirkaneessuf barbaachisaa dha. Haata'u malee garuu, keemikaalota qonnaa fayyadamanii qonna hammayyeessuun biyyee fi haala naannoo midhaa ni geesisaa, callaa guddiftuu irrattii hirkatamummaa uumuun diinagdee qonnan bultoota harka qalleyyi irratti miidhaa ni fida. Sababa kanaaf malli qonnaa haala naannoo wajjin walsimate kan akka itti fayyadama kompostii fi dikee



fundamental basis of their food security. It therefore makes sense to enhance cash crop production in addition to a diversity of food crops, not as a replacement.

4. *Build local capacity and awareness via outreach programs.* Many partial solutions to sustainable development already exist, but local communities may not be implementing these solutions. Building awareness and capacity within the community and within government offices therefore is an important priority.
5. *Bring together multiple stakeholders when working towards a better future.* Anyone who can affect an important decision, or is affected by it, should be considered a relevant stakeholder. Development trajectories are shaped by many stakeholders, and have a big effect on local communities. Stakeholders such as policy makers, non-government experts and local people should find ways to work together.
6. *Draw on the strengths of local communities.* Nobody knows the conditions in a particular locality better than the people who live there. Local communities can provide important insights regarding the likely viability of different development ideas. It is vital to see local communities not only as recipients of knowledge, but also as sources of local experience and wisdom.

fayyadamuun xiyyeeffannoo guddaa argamchu qaba.

3. *Midhaan nyaataa fi midhaan galii wali-wajjin oomisha.* Midhaan galii oomishuun madda galii ta'uudhaan heeddu fayyada. Haata'u malee garuu maatii hedduuf oomisha adda addaa ofii isaanif oomishuun bu'uura wabii nyaataa isaanii ti. Kanaaf midhaan nyaataa oomishuun cinatti midhaan galiis oomishuu wayya malee omishni midhaan nyaataa isa kaaniin bakka bu'uu hin qabaatu.
4. *Sagantaawwan hundaa biraa gahuun qiindessun dandeettii fi hubannoo hawaasaa cimsuu.* Furmaanni adda addaa (guutuu tahuu baatanis) kan misoona walitti fufaa tahee fidan hojiira olaa jiru. Haata'u malee garuu uummanni naannoo sana hojiitti hiikaa hin jirani. Malli cinaadhaan faayidaa kennuu danda'uu hojii irraa oole jiraa. Hawaasni naannoo mala kanattii fayyadamuu dhabuu ni mala. Kanaaf dandeetti fi hubannoo hawaasaafi hojjettota wajjiraalee mootummaa keessatti hojjettaniif dandeetti fi hubannoo isaanii cimsuun barbaachisaa dha.
5. *Jijirama barbaachisa fulduratti fiduuf hirmaannaan qooda fudhatoota hunda murteessaa dha.* Qaamni kamiyyu kan murtoowwan jiran murteessu yokaan murtoo murtaayeen kan miidhamu (Fayyadamu) adeemsa misoona keessatti sirnaan hirmaachu qaba. Kamiyyuu kan murtii kennamu irrattii gahee taphatuu

7. *Ensure that everyone benefits from development.* Truly sustainable development must benefit both wealthy and less wealthy households, and should empower both men and women.

8. *Intensify efforts to slow down population growth.* With land scarcity already a major problem, efforts to slow down population growth should not be delayed. Culturally and religiously appropriate means of family planning, as well as secondary education for women, are widely proven as effective means to reduce *family sizes*.



yookan murtiidhan tuqamuu danda'uu hundii isaa abbatii gahee jedhama. Jijiramni gama misoomaan dhufu hundi qooda fudhatootaan kan murteeffamu namoota naannoo heeddu irraan dhiibbaa qaba. Qooda fudhattotni kanneen akka warra seera tuman, miti-mootu-umaa fi jiraatonni naannoo haala akkamiin akka waliin hojjetan mariidhaan murtessu qabu.

6. *Ciminna hawaasaa irrattii amanu.* Eenyulle hawaasaa naannoo sana jiraatu malee haala jireenyaa isaani beekuu hin danda'uu. Hawaasni naannoo yaada misoomaa barbaachisaa ta'uu danda'an dhiyeessuu ni malu. Kanaaf hawaasaa naannoo akka namoota beekumsaa kenamuuf qabu qofaa osoo hin ta'iin akka muuxannoo naannoo fi beekumsa qabanitti ilaaluun barbaachisaadha.

7. *Namni kamiyyuu misooma irraa fayyadamaa akka ta'an mirkaneessuu.* Misoomni ittii fufiinsaa qabuu maatii hiyyeessaa fi maatii dureessa ta'aani fayyaduu qabata akkasumas dhiiraa fi dubartiillee qixxa angeesuun irraa eegamaa.

8. *Tooftaa baay'ina uummataa hir'isan ciminaan hojiirra oolchuu.* Hanqinni lafaa dursaan rakkoo ta'ee waan jiruuf yaaliin baay'ina ummataa ittiin hirdhisn yokaan to'atan ciminaan itti fufuu qaba. Gama aadaa fi amantaatiin tooftaa karoorra maatii fudhatamaa tahe fi ijoollee dubartootaa barnoota

Finally, we note that no matter what happens, there are also global forces at work that are beyond any stakeholder's immediate control – the most notable ones being climate change and unpredictable fluctuations in global markets. Although these forces cannot be controlled, the above strategies will help to build resilience against unforeseen surprises. Moreover, some scenarios are particularly good for building long-term resilience, while others might provide rapid short-term benefits but potentially leave communities vulnerable in the longer term. Such considerations should be part of discussions about what kinds of development trajectories should be pursued.

In conclusion, we hope this small book can provide a stimulus for proactive thinking about the future of southwestern Ethiopia. There are many challenges ahead – but drawing on the ideas of people from all walks of life, there are also many opportunities to make the southwest one of Ethiopia's proudest and most beautiful places.



EGEREE KIBBA LIXA ITOOPHIYAA AGARSIISUU

sadarkaa lammaffaa fi ol'aanaa barsiisuun tooftaa baay'inni uummataa ittin to'atan akka tahe mirkanaayeera.


Dhuma irratti, wanti nutti hubatamu qabu, wantoonni ciccimoon kan dandeettii, to'annoo fi human qooda fudhattotaan ol ta'ee akka addunyaatti akka jiruu hubachuun barbachisaa dha. Kaneen keessaa kan akka jijjirama qilleensaa, gatiin gabaa addunyaa tasgabbahu dhabuun rakko ciccimoo dha. Rakkowwan kana to'achuu yokaan furuu baatus, tooftaawwan armaan olitti ibsine kun dhiibbaawwan kanaa fi jijjiramoota otoo hin beekamiinii fi hin tilmaamamiin muudatan dandamachuuf heeddu murteesso dha. Dabalataanis, haala ta'uu dandahu gariin isaanii dandeetti dandamannaa yeroo dheeraa uumuudhaaf kan fayyadan yemmu tahu, gariin isaanii immoo faayidaa atattamaa yokaan yeroo gabaabaa kennuun rakkoo yeroo dheeraaf nama saaxilu. Yaadni akka kanaa kun yeroo mariin misooma akkamii fi daandii misoomaa kamiin hordofu qabna jedhamee mariyatamu xiinxala keessa galchuun murteessaa dha.

Xumuraa irratti, kitaabni xiqqaan kun marii egeree kibba lixaa Itiyoophiyaa akka taasifamuuf yaada ka'umsaa kenna jennee amanna. Rakkowwan hedduun fuuldura jiru, garuu, yaadaa fi muuxanno qooda fudhattota adda addaatti fayyadamuun naannoo kibba lixa biyyatti bakka hawwataa fi filatamaa Itiyoophiyaa gochuuf carraa heeddun ni jira.



## Acknowledgements

We thank all stakeholders who have been involved and contributed to this project through various group exercises and workshops. We particularly want to thank all local people for warmly welcoming us and for sharing with us their rich insights and knowledge. A special thanks goes to Dadi Feyisa Damu and Birhanu Bekele Negash, who helped to facilitate the group meetings and workshops for this project. We would also like to thank our colleagues Lennard Thale-Bombien, Kristoffer Hylander, Girma Shumi Dugo, Patrícia Rodrigues, Aisa Manlosa, Arvid Bergsten, Neil French Collier, Debissa Lemessa and Abebe Tufa, who helped with the organisation of the project and provided valuable insights. We are also grateful to the various other collaborators who assisted in the field or otherwise. Permits for this work were obtained from relevant authorities in Ethiopia. Our research was funded by a European Research Council Consolidator Grant to Joren Fischer. Finally, we would like to thank Moti Gurmessa for translating this book.







## Galata

Qooda fudhattota hunda isaanii kan maree fi workiishooppii, kadda addaairrattii hirmaachuun yaada nuuf kennan hundaan galateefachuu barbaanna. Hunda dursa namootaa naannoo sana jiraatan haala gaariidhaan nu simatanii beekumsa fi huubannoo isanii nuu qooddataniif galataa guddaa kennuufi barbaanna. Galannii addaa Daadhii Fayyisaa Damuu fi Birhaanuu Baqalaa Nagaash walgahii akka adeemsifnuufi workiishooppii piroojeektii akka qopheesinuu waan nu gargaaraniif galataa guddaa dhiyeessuuf barbaanna. Hojiimiiltoo keenyaa obbo Leenaard Taale-Boombeen, Kiristoofar Haayilaandar, Girmaa shuumii Dhugoo, patirishiyaa Roodirigas, Ayisa Maanlosaa, Arvid Bargistan, Niil Firenchi Kooliyer, Deebisaa Lammeesaa, fi Abbaba Fufaa gargaarsaa isaan piroojeektii irrattii nu godhaniifi yaada gaarii isaan nuuf dhiyeessaniif. Namoota gargaarsa dirree irrattii nuuf dhiyeessan hundaa isaani galateefachuu barbaanna. Hojii qoranno kana adeemsisuuf eeyyama kan nuuf godhan mootumma Itiyooophiyaa akkasumas bulchinsa Naannoo Oromiyaa dhimmi ilaalatuu yoo ta'uu, gargaarssi maallaqaa Wirtuu qorannoo gamtaa Awurooppaa kan Joorni Fiishariif kenname irraa dha. Mootii Gurmeessaa kitaabaa kan hiikeef galateefachuu barbaanna.


## Appendix

Schematic summary of the systems understanding underpinning the scenarios. Blue arrows represent enhancing effects (+), meaning that an increase (or a decrease) in one variable leads to an increase (or a decrease) in another variable. Red arrows represent reducing effects (-), meaning that an increase (or a decrease) in one variable leads to a decrease (or an increase) in another variable. This diagram only includes those variables and interactions that were mentioned consistently during the workshops with local experts.


## Miiltoo

Fakki sirna hubannoo waliigalaa kan haala tahuu dandahu irratti hundaa’an ibsa. Xiyyi cuquliifni walsi-mannaa yokaan hariiroo walfak-kaataa jijjiiramoota lama giddu jiru agarsiisa (+). Kana jechuun, jijjiramni tokko yoo dabalu (Hir’atu) haaluma walfakkatuun jijjiramni inni biraanis akka dabalu (hir’ata) taasisa. Xiyyi diimaan bu’aa hir’achu agarsisuu (-). Kana jechuun, jijjiramni tokko yoo dabalu (Hir’atu) haala faallaa taheen jijjiramni inni kaan akka hir’atu (dabalu) tasáís. Fakkiin kun jijjiiramoota yeroo qooda fudhattota wajjin marii taasifnetti irra deddebiidhaan caqafaman qofa kan agarsiisu dha.









Southwestern Ethiopia is a globally recognised biodiversity hotspot, the place of origin of coffee, and home to millions of smallholder farmers. Both the lives of these farmers and the natural environment in southwestern Ethiopia are rapidly changing. How can such change be navigated to ensure the best possible outcomes for both people and the environment? This small book is an invitation to envisage what the future might hold for southwestern Ethiopia, and how it can be shaped in such a way that it delivers the greatest benefits to Ethiopia and its people.

Kibbi Lixaa Itiyoophiyaa mandhee qabeenya hortee lubbu qabeeyi adda addatiin sadarkaa adunyaatti beekanti argatee, bakka argama bunaa fi bakka jireenyaa qonnaan bultootta miliyoonaan lakkaawamaniiti. Halli jireenya uummataa fi akkasumas haalli naannoo uumamaa kibba lixa Itiyoophiyaa saffisaan jijjiiramaa jira. Halli jijjiiramaa kun akkamiin xiinxalamee jijjiiramni garafulduraatti dhufu jireenya uummataa fi haalla naanoo tiif bu'aa qabeessa gochuun dandahamaa? Kitaabni xiqqaan kun egereen kibba lixa Itiyoophiyaa maal fakkaachu dandahaa kan jedhuu fi egereen kunimmo haala akkamiin to'atamee bu'aa guddaa Itiyoophiyaa fi ummatasheef akka fidu gochuun danda'amaa gaaffii jedhuuf akka afferraatti kan djiyaate dha.

